

TALAALLIIN COVID-19 AKKAMITTI HOJJATA

Kun vaayirasii COVID-19ti. Qoreelee kokkee, funyaan fi ija keessatti maxxanee jiraatuutu jira. Yeroo qoreen sun maxxanu vaayirasiin qaama kee seenee si dhukkubsa. Yoo si dhukkube vayirasii sana qufa'uu fi haxxfachuun daddabarsuu dandeessa.



Yeroo talaallii COVID-19 fudhatte qaamni kee qoreelee sana irra vaayirasii jiran akka hubatuu fi yaadatu barsiisa.



Talaalliiin vaayirasii dhugaa of keessaa hin qabu, kanaaf talaalamuun COVID-19 nama hin qabsiisu. Talaalliiin DNA kee hin jijjiiru. Oomisha booyyee wahiituu of keessaa hin qabu.

Talaalamurraa kan ka'e miidhaa(hafra) xiqqaa qabaachuun waanuma jiru. Miidhaaleen(hafri) nama irratti mullachuu malan dadhabbi, qaama hooqsisuu, dhukkubbii mataa yokiin laydaa salphaa.



Talaallii argachuuf lakkoofsa 651-266-1198 irratti bilbieluun yeroo sagalee waraabuun sitti dhagahametti afaan barbaadde filadhu.



Talaalliiin muraasni eegumsa gahaa argachuuf fi vaayirasii sana qolachuuf yeroo lama waraannachuu barbaada.

- Moderna garaagarummaa guyyoota 28 jiddutti yeroo lama waraannatu.
- Pfizer garaagarummaa guyyoota 21 jiddutti yeroo lama waraannatu.
- Johnson & Johnson - yeroo takka waraannatu.



Erga talaallii fudhatte booda COVID-19 yoo si qabe qaamnikee qoreelee sana hubachuun vaayirasiin waan ofirraa qolatuuf dhukkubbiiin sitti hin dhagahamu.